# 27. LALLABA D'ALUTUA YESO

**Luka 1:5 - 2:20, Matayo 1**

Eegi Waaqi kara raagoleetin gumi isatti dubbate ganna d'ibba hafuriiti dabre. Waaqi gumi isa irra inchallise, duuba gumiini Yahudii bulchiinsa Mootumma Rumii jala jiraate. Jennani guyya tokko Waaqi ammalle dubbate! Inni Maleeka isa erge Zakariati dubbate, kha inni qaallu mana Waaqa. Inni akka niitin isa, Elisabeetini, ilma gana d'ufaansa Baasa kha Waaqi gumii isaati kakhate, lallabu deetu beesise. Zakariaani waan kana ind'ugeefanne waan isaafi niitin isa ganna guddaa kha ilme inargatin jiraataniifi, duuba Waaqi haga d'aLutua ilma suni, duuda isa tolche. Ammo Waaqi waan jed'e muummesse, duuba Elisabeetini Yohana deette, ka gana guddate lafa aloo keesati lallabe d'ufaansa Baasaa himu.

Ji'a ja eegi Maleekan Gabrieelini Zakariati dubbate, Waaqi ardaa Galilaya keesa, dira Nazareeti, mana intala dubrii Elisabeetii ta maqaan Mariyamu jed'aniti Maleeka isa erge. Namichi Mariyamu akka fuud'u kad'ate Yusufu kha inni maati Daudii keesa d'ufe.

Maleekani waan Mariyamuuni jette, "Nageeni sii haatau, atin nama Waaqa biraati fud'atamiisa argate." Mariyaamuuni guddo sodaate ammalle wolaawola seente. Gabrieliini waan isiin jette, "Waaqi ya si eebise maan jenaani innni ilam sii kenna. Maqa isa Yeso baafta. Inni nama gudda taha ammalle Ilma Waaqa Guddayaa jed'ani yaamani. Waaqi barchuma hayyuma kha Daudii isaa kenne, inni haga jiru jireenna Israeliifi Yahudi infidaa."

Yusufuuni ka Mariyamu fuud'aa gaafate, nama d'ugaati. Akka isiini garachofte arginaani isi biyya duraati ch'eersu hinfeene. Inni ch'alleesumaani lakkisu fed'e. Ka inni waan kana herreguuti jiru Maleekani Waaqa oobju keesa iti mullate waan jetteeni, "Yusufu, ilma Daudii, Mariyamu fuud'u hinsodaatini. Isiini jabeenna Hafuura Waaqaatini garaachofte. Ilma deeti, maqa isa Yeso baafta akkas jechuuni "Waaqi Baasa" jechuu maan jennani inni gumi isa chubbu keesa baasa." Yusufuuni oobju keesa dammaqe jennani, Mariyamuu fuud'e. Inni haga daaimi suninin d'alateeti isi waaliin himbulle.

Eegi suni Elisabeetini Yohana deete, eegi jia jaha Mariyamuuleni akka daaima deetu qopheefate. Gaafasi, Hayyuni lafa Rumii akka marro guuransa gibiraatifi nami ch'ufti lafa abba isaati deebiu lallabe. Yusufuuni kha mana Daudii keesa d'ufe, dira Bethlehemu kha lafa Yudea deeme akka Mariyamu waliini galmeefamu.

Duuba nami hedduni akka galmeefamu imaletu deeme, duuba worri dira Bethlehemu keesati fula bultii hinarganne. Worri moona horii argate. Kha worri achi jiru, Mariyamuuni ilma deete, woyaan mamarte gombo horii kees keette.

Nanno suni, tissituuti halkani horii qorqorachuuti jira. Akkuma tasa, Maleekani woraati mullate, ka guddinni Gooftaa worra irra ifu, duuba tissituuni guddo sodaate.

Jennani maleekan waan jette, “Hinsodaatina! Anini oduu dansaa gammada gudda nama ch’ufaa kennitu isanii kenna. Dira Dauudi keesati, Baasani ya isanii d’alate kha maqaan isa Kristo Goftaa. Tunini akheekha isani dandeetani isaan beetani. Isani daaima woyaani mamarani kha gombo horii kees khaayani argitani.” Duuba duuli maleekota mullate akkan jed’e faarse, “Guddinni gara Waaqa gubbaati haa tau, nageennilleni gara nama lafa iraati haa tau.”

Maleekoti yaanani, tissituuuni waan woliin jette, “Koota lafa Bethlehemuu yaane waan Gooftan nuuni jed’e kana laalla.” Duuba worri waliin yaae Yusufufi, Mariyamufi, daaima gombo horii keesa ch’iisu argani. Yeso arginaani, tissituuni waan argite d’ageette irraati Waaqa giddifte, oduu suni nama ch’ufaati himte. Nami oduu tissituu d’agae chufti guddo mame.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati akka nama d’ibii olikaaftu takkuma haala gadi buiisa keesa seente?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-</u>**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduuni tunini jabeenna humna Yeso irra maan himti?**
    - Waaqi akka Elisabeetini jaaruma keesati ilme d’altu dandeesise.
    - Akka Mariyamuuni kara Haruufa QulqulLutuini ilma deetu tolche.
    - Inni kara lallaba Kaisaritiini Mariyamu lafa Bethlehemu geese, achiiti fagiisi raagolee kha d’ufaansa Baasaa muummae. Waaqi marro niiti garaacha qabdu tokkootifi adunya chufa sochoose.
    - Inni akka Mariyamuuni moona keesati deettu dandeesise.
    - Inni Maleekota d’aLutua Baasa lallabdu erge ammalle oduu dansa ta angafa tissitu iyeeyyii kenne.
    - Inni gombo horii daimaa qopheesse.

- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch’ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch’ufa jiru irra maan himti?**

    - Waaqi saatifi fula Masihiin iti d’alatu imbeekhe. Worra kara woraatini Baasani d’ufuunille inni imbeekhe.

- Waaqi waan Yohana Zakariati dubbate. Inni akkuma dubbate suni tolche.
- Waaqi Mariyaamuufi Yusufulle waan gana taha iti hime, waan jed'e suni guute.
- Waaqi onne tissitu imbeekhe akka worri oddu nama chufaati himan.
- Waaqi akka satin gumi isaa baasana geete imbeekhe.

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**
  - Guddinna Waaqatiifi dansoomi isa maleekota irra mullate.
  - Waaqi Zakaria duuda tolche waan inni indugeefatiniif.
  - Tissituuni guddo sodaate waan qulquloomafi guddinna Waaqa arganiifi.
  - Wonti Baasan Waaqi erge nuu feesisuufi marro nami chubbicha tahe Waaqi qulqullicha taheefi.
  - Yesoni, Baasa Waaqi gumi isaatii kakhate kha intalti dubra deete. Abbani isa Waaqa, namaaniti, inni chubbuuni indalanne.
  - Yusufuuni haga Yesoni d'ateeti Mariyamu woliini himbulle.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
  - Waaqi akka "nuwaliin jiraatufi" d'ufe. Inni lafa chachabde, fula gadi, hamtu, turiti ta chubbuuni guutamte d'ufe.
  - Inni Zakariaafi, Elisabeetifi, Mariyaamufi, Yusufuulle fud'atamiisa kenneefi.
  - Waaqi worra fula gadi jiruulle hind'aqabe- Tissituufi, nama wo boch'uufi, intala iyeeti.
  - Yesoni gombo horii keesati d'alate, akka iyeeyi jaalatu.
- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti?(akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
  - Waaqi kakhu isa ta d'ufaansa Baasaa hinguute, kakhuuni sunini Uumama 3:15 kees jirti.
  - Waaqi akka baasani Bethlehemu keesati d'alatu inhime.
  - Waaqi akka intalti dubra isa d'altu inhime.
  - Waaqi akka Baasani sanyii Daudii keesa d'alatulle inhime.

**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
  - Waaqi akka nu qarqaarufi ilma isa tokkocha nuu kenne.
  - Waaqi kara ilme nama chubbiti ta ammalle lallaaftutiini Baasa lafa iraati erge, akka nu beekhe nuwaliin fidamu.
- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**
  - Baasati ilme namaatii feesisa waan ilmeen nama chubbuuni baddeefi.
  - Zakariaani nama Waaqati, ammo inilleni Waaqa d'ugeefachu dad'abe!
  - Tissituuni guddinna Waaqa arginaani guddo sodaate maan jennani worri qulqulloma Waaqa arge chubbu ufi beekhani.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
  - Nami dandae kara ufii mid'aasuu hindandeenne. Waaqa ch'alaati Baasa erguufi dandae.

**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**

- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti?**
  - Baafami Waaqa ch'alla bira d'ufa. Baasa Waaqi namaa kenne ch'allati dandae nama baasa. Maqaan isa Yeso waan inni gumi Waaqa chubbu jala baasufi.

**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani:**

- Kitaaba Filipii 2:5-8 dubbisi. Yesoni Waaqa Ilmaati. Inni ufdiqeese fula qitomaa Waaqatii gadi ufbuuse akka lafa d'ufe nuuni wold'aqu. Nu fula gadi, turitti ta d'offamte jireenafi onne teenna keessa qamna. Kara kamiin dandeenne Yeso jireenna keenna ka akkan jiru kanaati guutamsaan d'iessina?
- Yesoni worra gadi jiru jiddufi fula gadiiti d'alate, laafinna keesati d'alate. Tunini akkam dandeette jireenna keenna kha guyya chufa keesati gara nu jabeesiti?
- "Hinsodatiina! Maan jennaani anini oduu dansaan isanii d'ufa. Waan...Baasaani ya isanii d'alate..." Oduu dansa tana akkamiiti iti owaana?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti ):**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Takkuma ak waan **Waaqi si inhubanne yokhaani akk waan Waaqi si hiyalle herrede** waan atin irjirti hinqamneef? Oduun tunini kara kamiin dandeette gara si jabeesiti?

- **Yesoni akka atin qarqaarsati naa feesisa jettu fed'a! Kara kamiini atin dandeette akka Baasani jireenna kanke keesati fula gadi, fula turitti d'ufu eeyamtaafi? Wonti sunini akkam jirti?** Atin Baasa Waaqi erge kana kara kamiini owwaatefi? Atin yo araara galte chubbu tante irra deebite abdi tante Waaqa irra hinkeeyatini, maanti akka atin akkas hintolchine si d'owwuuti jira?
- "Hinsodatiina! **Baasaani ya isanii d'alate**..." atini akka nama tokkooti odu dansa tana akkamiti iti owaachuti jirta?